

Odeeffannoo waa'ee TB (Dhibee Sombaa)

Dhibeen TB maali dha?

Dhibeen Sombaa (TB) dhukkuba ulfaataa karaa baakteeriyaa qilleensa keessa jiraniin dhufu dha. Namni kamiyyuu hubamuu danda'a.

Baakteeriyaa TB keessatti yoo hargantan wantoota sadii keessa wanti tokko ni ta'a:

- qaamni keessan osoo baakteeriyichi balaa hin geessisin ajjeessuu danda'a
- baakteeriyaa TB dhukkuba isinitti fida – kunis 'dhibee TB' jedhama
- baakteeriyaa TB osoo balaa isinitti hin fidin qaama keessan keessatti hafa – kunis 'Infeekshinii TB' jedhama

Dhukkubni TB irra caalmaan somba kan miidhu (pulmonary TB), yeroo ta'u garuu kutaa qaamaa kamiyyuu keessatti argamuu danda'a (extra-pulmonary TB). TB sombaa ykn qoonqoo namoota birootti kan darbu dha. Yoo dhukkuba TB qabaattan – TB si'ataa jedhamuun kan beekamu ykn gabaabaatti TB jedhamu – dhukkubbiin olaanaa isinitti dhaga'amuun akkasumas namoota birootti darbuu kan danda'u dha.

Mallattoolee dhukkuba TB baay'inaan

- qufaa
- ho'ina qaamaa
- galgala dafqisiisuu
- ulfaatina qaamaa hir'isuu
- loss of appetite
- miira dadhabbi

Mallattoolee

Mallattooleen beekamoon qufaa, ho'a qaamaa, halkaniin dafqisiisuu, ulfaatina qaamaa hir'isuu, fedhii nyaataa dhabuu fi dadhabbi dabalata.

Akkasumas dhukkubni TB naannoo qaama dhibee kanaan qabame irrattis dhukkubbii fi dhiita'uu fiduu danda'a. Yeroo baay'ee mallattooleen kunneen dhibee fayyaa biroo waliin wal fakkaachuu danda'u. Torban sadii fi isaa oliif mallattoolee kunneen yoo qabaattan ariitiin doktoraan ilaalamuun barbaachisaa dha. Dhukkubni TB qorsa farra baakteeriyaa yaalamuu danda'a, kanaafuu battalatti yaala argachuun dafanii fayyuuf isin gargaaruu danda'a.

Infeekshinii TB


Yoo Infeekshinii TB qabaattani – kunis yeroo baay'ee 'TB dhokataa' jedhamee kan beekamu – mallattoo kamiinuu dhukkubbiin isinitti hin dhaga'amu akkasumas TB namoota birootti dabarsuu hin dandeessani. Kunis sirni ittisa dhukkubaa qaamaa keessanii baakteeriyaa kana to'achaa waan jiruuf dha. Haa ta'u malee carraan itti isin yeroo kamittuu dhukkuba TBn qabamuu nii jira, keessattuu yoo sirni ittisa dhukkuba qaama keessanii dadhabe ykn gadi bu'e. Yaallii farra baakteeriyaa kana ittisuuf isin gargaara. Yoo osoo hin yaalamin hafe, bara jireenya keessan keessatti infeekshiniin TB dhukkuba TB ta'uuf carraa 10 keessaa 1 qaba.

Dhukkuba TBn qabamuu ni dandeenyaa?

Carraa dhukkuba TBn qabamuu guddaa qabdu yoo:

- biyyoota TBn keessatti baay'atu waliin hidhata kan qabaattan ta'e
- nama dhukkuba TB qabu ykn qabure kan beektan yoo ta'e
- rakkoo fayyaa ykn haala jireenya sirna ittisa dhukkubaa keessan dadhabsu kan qabaattan yoo ta'e
- bakka jireenyaa namni baay'een keessatti argaman ykn qilleensa gahaa hin qabne keessa kan jiraattan yoo ta'e
- buufata fayyaa ykn kunuunsa hawaasaa keessa kan hojjetten yoo ta'e

Talaallii BCG yoo fudhattanille dhukkuba TB qabaachuu dandeessu - BCGn 100% bu'a qabeessa miti.




Qorannoo TB

Yoo mallattoo dhukkuba TB qabaattan ykn waa'een infekshinii TB isin yaaddesse, beellama qabachuuf Ogeessa Yaalaa (GP) keessan quunnamaa. Ogeessi yaalaa keessanis waa'ee fayyaa keessanii fi mallattoolee isin agarsiisaa jirtan isin gaafatu. Akkasumas caalmaatti beekuuf qorannoolee muraasa isin ajajuu danda'u, isaanis:

- **Qorannoo gogaa TB ykn qorannoo dhiigaa:** Baakteeriyaa TB waliin quunnamtii taasistanii kan beekta'an ta'uu adda baasuuf gargaara
- **Raajii garaa:** kun mallattoo TB somba keessan sakatta'a

Qorannoowwan jalqabaa kun bu'aa poozatiivaa yoo agarsiisan, qorannoowwan adda baasuu dabalataa caalmaatti adda baasuuf ni dhiyaata. Isaanis:

- **Qorannoo dhangala'aa hargansuu (Sputum test):** dhangala'aa somba ykn qoonqoo keessaa fuudhuun baakteeriyaa TB qorachuu. TBn asitti argamu (pulmonary TB) bifa dhukkuba daddarbaa qofa dha. Yeroo baay'ee bu'aan qorannoo ifa miti akkasumas qorannoon dabalataa qorannoo aadaa jedhamu bu'aa qorannoo sirrii ta'e argachuuf kan barbaachisu dha.
- **Qorannoo baakteeriyaa ykn fangasii:** samuuda dhangala'aa hargansuu, tishuu ykn dhangala'aa gara laaboraatooriitti ergamu keessaa baakteeriyaa TB qabaachuu isaa qorachuu. Qorannoon kuni baay'ee amansiisaa dha, haa ta'u malee bu'aan isaa hanga torbee saddeetii fudhachuu danda'a.
- **CT, MRI, ykn ultrasound iskaanii:** iskaaniin kunneen baakteeriyaa TB dhaan qaama keessan irratti miidhaa qaqqabe kan adda baasu dha.



Wal'aansa TB

Dhukkuba TB: wal'aansi isaa yoo xiqqaate torbanoota ja'a fudhata akkasumas qorsa farra baakteeriyaa afur fudhachuun barbaachisa dha – rifampicin, isoniazid, pyrazinamide, fi ethambutol. Qorichoonni kunneen akka kiniinii dhuunfaatti ykn akka kiniinii walmakaatti kan akka Voractiv (qoricha afranuu), Rifater (rifampicin, isoniazid, fi pyrazinamide), ykn Rifinah (rifampicin fi isoniazid) kennamuu danda'u.

Infekshinii TB: wal'aansi infekshinii TB wal'aansa TB si'ataa caalaa yeroo gabaabaa fi farra baakteeriyaa muraasa kan of keessaa qabu dha.

Wal'aansa TB fudhachuu

Qoricha keessan guyyaa hunda fudhadhaa akkasumas xumuraa. Osoo hin xumurin qoricha keessan fudhachuu yoo dhiistan, dhukkubbii keessan ittuu ulfaataa taasisuu danda'a, sababi isaas TBn keessan qoricha dandamachuu eegala, ykn carraa dhukkuba TB namoota birootti dabarsuu keessan dabala.

Maloota wal'aansa TB fudhachuu

- kiniinii keessan guyyaa hundaa sa'atii wal fakkaataatti fudhadhaa
- yeroo hundaa kiniinii keessan iddoo wal fakkaataa ol kaa'aa
- qindeessituu kiniinii torbanii keessan fayyadamaa (saanduqa doozii) gadi fageenyaan beekuuf ogeessa qorichaa keessan gaafadhaa
- kiniinii keessan akka fudhattaniif kan isin yaadachiisu dammaqsituu keessan guuttadhaa
- miseensi maatii ykn hiriyyaan keessan guyyaa hundaa kiniinii keessan akka fudhattaniif akka isin yaadachiisaniif gaafadhaa
- qoricha TB keessan yoo xiqqaate nyaata nyaachuu keessan dura sa'aatii tokko ykn nyaata booda sa'aatii lama keessatti fudhachuuf yaalaa
- nyaata feetan kamiyyuu nyaachuu dandeessu, garuu dhugaatii aalkoolii hin dhuginaa

Qoricha keessan osoo hin fudhatin yoo haftan, battala yaadattanitti liqimsaa Haa ta'u malee, yoo yeroon qoricha keessan itti aanu fudhattan yoo ga'eef isa hin fudhatin haftan sana fudhachuu dhiisaa. Gonkumaa qoricha lama wal faana hin fudhatinaa.

Yaadadhaa, ogeessi yaalaa ykn narsiin TB keessan isin gargaaruuf qophee dha.

Akkaataa qoricha keessan itti fudhattan	Rifampicin	Isoniazid	Pyrazinamide	Ethambutol	Voractiv	Rifater	Rifinah
Yoo garaan duwwaa ta'e yoo xiqqaate nyaata nyaachuu keessan dura sa'aatii tokko ykn nyaata booda sa'aatii lama booda fudhachuun gaarii dha.	✓	✓			✓	✓	✓
Nyaata waliin ykn nyaata malee fudhachuun ni danda'ama			✓	✓			

Miidhaa wal'aansichaan wal qabatee dhufu

Akkuma qorichoota kanneen biroo hunda wal'aansi TB miidhaa ni qabaata. Irra caalaan isaa salphaa fi yeroodhaan furmaata argachuu danda'a, haa ta'u malee wanti kuni isin dhiphisa yoo ta'e gargaarsi waan jiruuf Narsii ykn ogeessa qorichaa TB keessan haasofsiisaa.

Qorichoota biroo fudhattan kamiyyuu, qoricha ulfa ittisuu kan hormoonii dabalatee, doktora keessanitti himaa, kunis wal'aansa TB keessan irratti dhiibbaa uumuu waan danda'uuf. Akkasumas yeroo wal'aansa kanaatti aalkoolii dhuguu irraa fagaadhaa sababni isaas qorichoonni kunneen tiruu keessan irratti dhiibbaa dabalataa uumu.

Yeroo tokko tokko miidhaan qorichoota kanaa hamaa ta'uu danda'a darbee darbee qorichi kun gandii (kunis gogaa ykn ija keelloo godha) ykn agartuu keessan miidhuu danda'a. Jijjiirama kana keessaa tokko yoo argitan, kiniinii TB keessan fudhachuu dhiisaatii hatattamaan hakiima ykn narsii waliin haasa'uun akka qorichonni kunneen miidhaa isin irra hin geessisne isin gargaaru.

Miidhaan beekamoon qoricha isin fudhattan irratti hundaa'uun garaa gara. Miidhaawwan baratamoon kanneen armaan gadii dabalata:

Miidhaa beekamoo qorichoota kanaa:	Rifampicin	Isoniazid	Pyrazinamide	Ethambutol	Voractiv	Rifater	Rifinah
Dhukkubbi garaa (miira dhukkubaa), ol baasuu fi garaa kaasaa	✓	✓	✓	✓	✓	✓	✓
Mallattoolee qufaa fakkaatanii kanneen akka qorra, ho'a qaamaa, lafa namatti maruu fi dhukkubbii buusaa	✓		✓		✓	✓	✓
Dhiita qaamaa fi hoossisuu	✓	✓	✓	✓	✓	✓	✓
Hadoochuu ykn kotteessuu		✓		✓	✓	✓	✓
Imimmaan, gorora, fincaanii fi dhangala'oo qaamaa biroo haalluu burtukaanaa makate - kun miidhaa hin qabu garuu leensii tuttuqaa faaluu danda'a	✓				✓	✓	✓
Marsaa lagu jeequu	✓				✓	✓	✓
Bu'a qabeessummaan qoricha ulfa ittisuu kan hormoonii (kiniinii afaaniin fudhatamu, harka jala dhokfamu ykn kanneen biroo) ni hir'isa ¹	✓				✓	✓	✓

Odeeffannoo fi gargaarsa

Tajaajila odeeffannoo: waa'ee TB irratti gaaffii ykn yaaddoo yoo qabaattan contact@tbalert.org irratti email ergaa ykn lakk **0330 102 2403** irratti bilbilaa. Walii galtee keessan irratti hundaa'uun lakkoobsi bilbilaa kun qarshii muraasaan ykn bilisaan bilbila harkaa keessan fayyadamuun bilbiluu dandeessu.

Deeggarsa hiriyyootaa: namoota dhibee TBn qabamanii turan karaa toora intarneetaa healthunlocked.com/tb-alert

haasofsiisaa ykn email contact@tbalert.org fayyadamuun deeggarsa kallattiinii mijeeffadhaa.